I HAVE A RECONCILIATION IDEA

Haadha Siiqqee

ID: 0595

Written By; **Ms Chaltu Abebe Muse,**

Assistant Lecturer,
Msc Candidate in Ceramic Engineering
Faculty of Materials Science and Engineering
Jimma University, Jimma Institute of Technology
Jimma, Ethiopia
Age; 24
Mobile no: - +251917840968

Baafata

I. Waa'ee barreessicha……1

II. Seensa…….3

1. Haadha Siiqqee…….4

1.1 Humna (Faayidaa) Siiqqee…….5

1.2 Aangoo Haadha Siinqee…….5

1.2.1 Dhaanicha Abbaa Warraarraa Baraaruu……6

1.2.2 Kadhaa Waaqaaf/aarara waaqa kadhaachuuf……7

1.2.3 Lola dhaabuu…….7

2. Haala yeeroo amma sirni nagaa buusuu kun irra jiru……7-8

3. Rakkoo sirna kana mudate…….8

4. Ilaalcha koo guutuuma sirna kana irratti qabu…….9-10

5. Guduunfa…….10-11

6. Wabii/madda…….11

Seensa

Oromiyaan kutaalee Itoophiyaa kurnaan keessaa tokko kan taate fi maagalli guddoo ishii finfinnee , kunis maqaa biraa Addis Ababaa jedhamuun kan beekamu yoo tahu, Magaalooni gugguddoon biraa Oromiyaa keessatti argaman Adaamaa, Amboo, Asallaa, Bishooftuu, Dambidoolloo, Fiichee, Gimbii, Gobbaa, magaalaa Jimmaa, Mattuu, Nagallee Booranaa, Naqamtee, Shaashamannee fi Walisoo dha. Oromiyaan ballinaa lafaa 286,612 km² ta'ee qabatee, baayyinaa ummataa hangaa miliyoona afurtamaa ollitti tilmaamamu kan qabdu dha, kunis ballina lafaa fi baay'ina ummataan biyyaa Itoophiyaa keessaa tokkofaa ishee tasisaa. ummanni oromiyaa keessa jiraatu oromoo jedhamuun wamaama. Oromoon hawaasaa afaan hortee kuush dubbatu kan bahaa fi kaaba baha afrikaatti isa guddaadha. Ummanni Oromoo Afaan Oromoo (Oromiffas ni jedhama) dubbata, Yeroo ammaas Afaan Oromoo qubee Laatiniitin barreeffama. Akka seenaan ibsutti, Gama biraattin Ummani kun amantii mataasa– Waaqeffanna kan qabuu fi waaqa tokkotti kan amanuu yoo tahu amantiin baayeenis kan akka amantii Islaamaa fi Kiristaana ballinaan keessatti ni argamuu. Kara Diinagdeettin immo ummanni kun akkuma lammillee Itoophiyaa kan biro qotee bulaafi horsiisee bulaatti kan baayaatu dha. ummanni Oromoo bulchiinsaaf **Sirna Gadaa** fayyadamaa ture, Sirni Gadaa, seera siinqeetiin, mirgi dubartoota Oromoof kenne, kan ittiin mul'atu keessaa tokko, Kana malees **sirni Siiqqee** dubartootaaf mirgaa isaani eegsisuu irra darbee ***nagaa buusuu*** keessatti shoora gudda kan taphattedha.anis Sirni kun maal akka tahef akkamitti akka gegeefama ture, madaa garagaraa irra argadheen , baareefama armaan gadii keessatti ibseera. Dhumaarrattis haala yeroo amma sirni kun irra jiruuf ilaalcha koo eeruun kan goolabamuu taha.

1. Haadha Siiqqee

Uummanni Oromoo aadaa fi sirna ittin bulmaata yeroo jiruufi jireenya isaa geggefatuu keessatti itti faayadamu heeduu kan qabu yoo tahu, Aadaan kuuninis kan, nyaataa, uffannaa, waaqeffannaa, bulchiinsaa, safeeffannaa, fi kan kana fakkaatan tarreessuun ni danda'ama. Sirna bulchinsaa oromoon qabu keessa akkuma; Gadaan iddoo olaanaa qabu, sirni Siiqqee dubartootaas kabajaama fi jallatama dha.

a) b)

Fakki.1a) uffannaafi aakkata haati siiqqee itti gurmuun deeman. b) haati siiqqee bakka lolatti araaraa buusuu

Siiqqeen ulee qal'oo dheertuu kan muka waddeessaarraa tolfamufi dhadhaan, akkasumas ibiddaan qaqamee halluu magaalaa qabachuun faayamee kan qopha'uudha, Kanamalees, qajeeltuufi dirraan walqixxooftuu dha. uleen kun mallatoo ulfinaa, aangoofi mirga dubartoonni Oromoo aadaadhaan qaban kan argisiisudha. Guyyaa ciidha kennaa haati intala heerumtuf kennitu keessa siiqqeen isa tokkodha, kanaaf; namni hundi yookaan dubartiin hundi hinqabattu. Kan qabachuu dandeessu dubartii heerumte qofa, duubartiin ulee kana qabatuus **Haadha siiqee** jedhamuun wamaamtti,

1.1 Humna (Faayidaa) Siiqqee

Siiqqeen ummatan oromoo biraatti kabaja, ulfina, saalfiifi sodaatama guddaa qabdi. Ulee Kanaan horii hin tiksan, hinrukutan; sareetti hindarbatan; dubartiin siiqqee qabatte nisodaatamti; nisaalfatamti; nikabajamti. Dubartiin siiqqee qabattee yoo namatti dhufte hinqaxxaamuran; nama hofkolchitu malee bira darbanii hindeeman. Malkaas ishii dura hin cehan. Madda gara garaa irraa akkan duubiseef odeefadheetti; Siiqqeen yeroowwan gara garaatti dhimmoota addaa addaatiif qabaatama, Kunis; yeroo ayyaana irreechaa, yeroo dubartoonni ateetee facaafatan, dubartii maseenteef kadhachuuf, yeroo ongeen dheeratuufi caamsaan hammatu waaqa kadhachuuf dubartoonni itti fayyadamu. Kana malees, dhimmi guddaan siiqqeen ba'uuf yeroo wal dhabdeen hawaasa gidduutti uumamu siiqqeen humnashee mul'isuun waldhabdee uumame keessatti qooda fudhachuun ***araara*** buufti. Haala kanas, iyya siiqqeen walwaamuun hanga godaansa siiqqeetti dubartootni aangoo siiqqee mil'isuun itti fayyadamu. Dubartoonni siiqqee qabatanis jilawwan adda addaarratti ba'uun mallattoo bultii ijaarachuu isaanii mul'isu. Kunis hawaasa keessa jiraatan keessatti kabaja qabaachuu isaanii kan mul'isudha. Waalumagalaatti, Dubartoonni siinqee qabatanii gurumuudhaan sirna hawaasummaa fi amantaa heddu wanta raawwataniif siinqeen '***waraana dubarti'i*** ti jedhu.

1.2 Aangoo Haadha Siinqee

Haati siiqqee aangoo garagaraa qabdi isaan kuniis; Gaa'ela Gaggeessuu, Daa'ima guddifachuuf sirna godhamuu, Dhaanicha Abbaa Warraarraa Baraaruu, Heeruma Haftuu Durbaaf, Kadhaa Waaqaaf, Lola dhaabuu fi kan kana fakkatani dha. Barreeffama kana keessatti garuu akkata barbachiisumaa isaatti angoowwan aarara waalin wal qabataan qofti kan ibsamuu taha.

1.2.1 Dhaanicha Abbaa Warraarraa Baraaruu

Dubartii abbaa warraatiin dhaanamteef, dubartoonni gurmuu uummataniin birmannaa godhuf. Sagaleen dubartii dhaanamte bakka dhaga'ametti, mallattoo wal waamichaa kan ta'e sagalee ililfannaa, "ililii, ililii, ililii…" jedhu wal dhageessisanii walii qaqqabu. Dubartoonni seera siinqee raawwachiisuuf gurmuun deeman, weedduu siinqee weeddifachaa mana dubartii abbaan warraa dhaane sana qaqqabu. Dubartoonni dura qaqqaban, dubartii sana siinqee qabachiisanii manaa baasu. Dubartoonni, miseensa isaanii miidhamte itti marsanii, faaruu isaanitiin roorroo didaa, Mana maree Gadaatti iyyata deemu. Qaamni itti iyyatan, waltajjii qabaniifii, ulfina isaanitiif jecha, ofirra taa'anii dubbisu. Yeroo seera kana raawwatan, weeddudhaan siinqee faarsuu hin dagatan. Qaamni himannaa isaanii dhaga'uuf taa'e, "Wayyooma/ulfina dubartii kan tumaadhaan dhugoomse Gadaa dha." Jechuun seera jiru mirkaneessuudhaan, waltajjii jalqabu. Sana booda, "ulfoo teenya maaltu bade, maal rakkattan" jedhanii dubartoota gaafatu. Dubartiin gurmuu kana gaggeessitu, dubartii dhaanamte of fuuldura qabdee, waan ishii irratti raawwatame caffee fi yaa'iitti himti. Qaamni seera raawwachiisu, nama miidhaa kana raawwate, waamanii dhiyeessanii, dubbii qoratu. Hanga murteen kennamutti, dubartoonni, roorroon akka irraa dhaabbatu weedduudhaan gaafatu. Xumura irratti caffeen, miidhaa qaqqabe madaalee, murtee dabarsa. Murteen kun loon inni qabu keessaa isa mararsiifatu sangaa/qotiyyoo isaa qaluu ta'uu danda'a. Seerri siinqee murtee kana raawwachiisee, dubartoonni sangaa qalame yaa'iidhaaf laatanii, weedduu isaanitiin siinqee faarfachaa, dubartii dhugaa argatte sana manaan ga'anii, mana mana ofitti galu.

1.2.2 Kadhaa Waaqaaf/aarara waaqa kadhaachuuf

Faayidaan siiqqee inni biraan tajaajila kadhaa waaqaaf ooluu ishiiti. Kunis, yeroo bonni dheeratee hongeen nama, horiifi uumama hundatti hammaatu waaqa kadhachuuf dubartoonni siiqqee qabatanii ba'u. Siiqqee birattis, aannan, dhadhaafi irreessa qabatu. Dhadhaan mataa jiifatu; aannan dhibaafatu, akkasumas marga jiidhaa sanammoo itti irreeffatanii waaqa kadhatu. Yeroo waaqa kadhatanis akkas jedhu: Luka daaraan dhufne, miila dhoqqeen nugalchi… Kana jechuun bonni hammaateera, rakkoo qaqqabsiiseera; nuudhagahi; rakkoo keessaa nubaasi; nubadhaadhi ergaa jedhu qaba.

1.2.3. Lola dhaabuu

Gosa Oromoo gidduutti, yookaan diinni naannoo biraarraa dhufuun sababa adda addaan yoo walitti bu'iinsi uumamee, lolli hamaan/waraanni ka'ee, namni wal miidhe, dubartiin oduun lolaa kun dura, gurra bu'e, ililfattee, dubartoota bakka hundaa dammaqsiti. Gurmuun dubartootaa, oduu waraanaa kana darbaa walii dabarsanii, siinqee qabatanii battalatti walga'u. Weedduu isaanitiin siinqee weeddisaa gara lafa lolaatti oggaa deeman, Waaqa siinqeedhaaf aangoo kana kenne faarsu. Iddoo lolaa sanatti wayta dhiyaatan immoo weedduu isaanii keessa, waraanni akka dhaabbatu maqaa Waaqaatiin gaafatu. Bakka lolaa sana yoo ga'an siinqee isaanii faarfachaa, lolli akka dhaabbatu gaaftu. Kanaan yoo dhaabbachuu dide, gidduu seenu. Waraana hamaa attamii illee yoo ta'e, seera kana bira hin darbu. Battalatti dhaabbata. ***Siinqeen meeshaa araaraa ti.***

2. Haala yeeroo amma sirni nagaa buusuu kun irra jiru

Akkan manguddoota irraa odeefadhetti, erga sirni Gadaa laaffatee booda, sirni haadha siiqqees laafera jedhu. Dhiibbawwan adda addaa laafinsaa sirna siiqqee fi sababa tahuun sirnichaa

ukkaamsa turan, mirgaa sirnichaan dubartootaf addatti laatames sirnichuma faana akka laafu godhaniiru, bakkeewan muraasa sirni kun kunuunfame hardhaa itti gahee tokko tokkos ni jiru, isaan keessa inni jalqaba godina Arsiiti. Haatahu malee ammas sirni kun dargaggoota biratti beekamti gaha tahee hin qabu, kun immo yoo irratti hin hojjetamu tahe aadaan baay'ee boonsa fi jaallatamaan kun akka hin guddannef sababa gudda tahu ni danda'a.

3 Rakko sirna kana mudate

3.1 Rakko sirna kana mudate jedhee kan ani yaaduu keessa muraasni

- qaamni irratti hojjetu jirachuu dhabuun kunuunsi gaha ta'ee kennamuufi dadhabu.
- Sirnoota abbaa irree kanaan duraa turaanin cunquursaan aadaafi afaanoota biyyoota Itoophiyaa keessa jiraan irra turu isaatiin.
- sirni aadaa kun murtii ammayyaa taheen bakka bu'uun isaas rakko biradha, kunis walitti bu'insi yoo jiraate haadha siiqqeettin xumuruu caalaa gara seeraa deemu yookin mana murtii fayyadamu dha.
- Dhalootni boodan dhufee waa'ee sirna kana beekumsaa gaha dhabu.
- Globalization/ammayyummaa

3.2 Yaada furmaata

- Sirna kana rakko mudate baraaruf qaamni mootummaas tahe miti-mootummaa irratti hojjechu qaba.
- kitaabota sirna kana ibsan barreessun hubanno kennuu.
- Miidiyaaleen gara gara dhimma kana irratti akka hojjetan gochuu.

- Waltajjii dhimma kana ilaalatuu qopheessun, qorannoo gochuun yaada furmaata dhiyeessuu.
- Walitti dhufeenya maanguddootaf dargaggoota giddu jiruu ciimsuun haala ittin aadaa boonsaan kun dhaloota dhalootatti darbuu mijeessu.
- keesumma immo waajjirri aadaaf turizimii dhimma kana irratti hojjechuun akkasumas carraa barattoota sadarkaa garagaraa irra jiraan hirmaachisu qopheessun yaada ogeessotaan deggerame maddisiisu danda'a jedheen amana.

4. Ilaalcha koo guutumma sirna kana irratti qabu

Sirni araara kun kan baay'ee namatti toluufi keessattu dubartoota oromoof kabajaa fi ulfina kan kennedha. Wal dhabdeen yookin lolli hamaan bakka jiruutti haala armaan oolitti ibsameen utuu yeroo dheera hin fuudhatin furmaata laachuun nagaa buusuun hammam uumanni kun walii isaaf aadaa isaa akka kabajuu ibsa. Dhalootni boodan dhufu illee kanumaa argaa, baracha guddata ture. Haala yeroo amma biyyi keenya keessa jirtuu yommuun ilaalu immoo barbaachisummaan sirna kana irraa caalaatti cimee natti mulata. Aadaa kana yoo irratti hojjene biyya keenyaaf qofa osoo hin taane biyyoota biroof illee fakkeenyaa gudda tahu danda'aa jedheen amana. Yeroo darbe sagaanta BBC afaan oromoo irra akkan odeefadheetti naannoo Tigraay magaalaa Maqaleetti kan dhalatte shamarreen umurii 23, Qisaannet Mollaa, barattuu kiliinikaal Narsingii waggaa sadaffaa taatee 'Miss Maqalee' fi erga barnootashee xumurteen booda immoo 'Miss World Ethiopia' taatee turte tokko, wal-dorgommiin bareedinaa 'Miss Progress international' jedhamu kaayyoo dubartooti guddina addunyaa keenyaa irratti hirmaannaa akka qabaatan gochuu jedhu irraatti kan hirmaatte yoo tahu ramaddii uffannaa aadaa biyyaa filatamaa kan jedhuun dorgommii miidhaginaa Xaaliyaanitti mo'atteetti. Uffanni isheen ittin injiffaatees

uffannaa aadaa Arsii kan Haadha Siiqqee tti (Fakki 2 irratti ilaali). Dubartiin uffannaa aadaa ittiin dhiyaadhe naa qopheessite waa'ee aadaa Siqqeeefi Sirna Gadaa waan natti himteef, waltajjii dorgommii sana irratti sirrittiin dhiyeesse jetti. ***Haati Siiqqee*** ulee qabattee baanaan namni ***lola*** akka ***dhaabuufi*** mirgi dubartootaa akka ittiin kabajamu waltajjii dorgommii ishee irratti ibsiteetti. Sirni Gadaa immoo UNESCO irratti akka galmaa'e yeroon itti himu immoo baayyee dinqisiifatan jette.

Fakki 2. Qisaannet Mollaa

Hubannoo namoonni ishee madalaan waa'ee sirnaa haadha siiqee yeroo ibsitu akka dinqisiifatan dha. Kanaaf yoo irratti hojjene, sirni kun deebi'ee boquu ol qabachuun dagaaguu akka danda'uuf hardhas akkuma durii bu'aa buusuu akka danda'uu kan nuu hubachisudha.

5.Guduunfa

Aadaa Oromoo keessatti siiqqeen faayidaa hedduu qabdi. Isaan keessaas araarsuufi dhimma lolaa (waraanaa) tasgabbeessuu geggeessuuttin qabxiilee walqabataan barreffama kana keessatti kaasuuf yaaleen jira. Siiqqeen jaarmiyaalee walitti bu'iinsa tasgabeessaaanif araara ummata keessatti fidan keessa isa tokko dha, kana malees siiqqeen humnaafi cimini hirmaana dubartoota kan itti ilaalamu, nagaafi tasgabii misooma fiduuf kan hojjattu waan ta'eef kan jajjabeefamu qabuudha. Yaadni ***'I HAVE A RECONCILIATION IDEA'*** jedhu kunis sirni boonsa fi

kabajamaan kun karaa inni ittin jabaatu keessa tokko jedheen amana, yaada eebbifamaafi seenaa qabeessa kana keessatti qooda qabachuu koofis guddan gammada. Dhumarrattis yaada kana maddisiisun dorgommii kana qaama qoopheesse galateefachaa, hojii gaarii kana akka ciminaan itti fufan dhaamsa koo dabarsa.

6. Wabii/madda

1.Gaazexaa Bariisaa Onk 29/2012

2.Afaan Oromoo Articles

- Post author by Abdulbasit Abdusemed
- Post date December 7, 2014

* Originally published on Bariisa, titled "***Siinqee: Kabachiiftuu mirga dubartootaa***"

- Role of Women in Tulama Oromo Gada System: The Case of Ilu, South-West Shewa Zone, Oromia Regional State.

  Aregash Eticha Sefera*****

  Lecture at Bule Hora University

3. BBC afaan oromoo

4.wikipedia

5.Siifsiin oromo literature and culture

6.mangudoota naannoo Arsii

Aaddee Dammee Tukaa

Aaddee Sodhe Baammee

Obbo Qaabatoo Mariiboo

7. Kitaaba Siyaasa Oromoo Tuulamaa Jildii tokkoffaa bara 1999 Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaan maxxanfame.

8.sagaanta TV oromiyaa irratti dhiyaatee.